# Biiroo Barnoota Oromiyaa

# Qajeelfama Filannoo Kaadhimamtoota Barsiisota Dippiloomaa fi Barsiisoota Barnoota Idileen Duraa Kolleejjoota Barnoota Barsiisotaaf Qophaa'e

**Fulbaana, 2010**

**Finfinnee**

## Seensa

Barnoonni misooma qabeenya humna namaa, misooma kanneen biroo hundaaf bu'uura ta'e bifa itti fufiinsa qabuufi haqa qabeessa ta'een tarkaanfachiisuuf meeshaa ol'aanaadha. kan dhugoomsuuf barnoota qulqullina qabu lammii hundaan gahuun shoora ol'aanaa taphata. Barnoota qulqullinafi walgitiinsi isaa mirkanaa'e lammii biraan gahuuf ga'een barsiisonni qaban isa hangafa.

Kanaafuu hirmaannaa barnootaa babal'achaa dhufe duukaa barsiisota gahumsa qaban yeroo yeroon sagantaa leenjii adda addaatiin horachaa deemuu itti fufiinsa barnootaa keessatti dhimma bakki ol'aanaan kennamuufiidha. Raawwii hojii kanaatiif sagantaalee paakeejii mirkaneeffannaa qulqullina barnootaa ja'an keessaa tokko sagantaa misooma barsiisotaa bal'inaan hojiirra oolaa jira.

Sagantaa kana keessatti hojiin hojjatamu barsiisotaa leenjii hojii duraatii fi hojii irratiin ga'uumsa isaanii cimsuun qulqullina barnootaa mirkaneessuu keessatti qooda olaanaa akka fudhatan taasiisuudha. Haaluma kanaan barattoota kutaa 10ffaa yookiin kutaa 12ffaa xumuranii fedhii fi dandeettii qaban filachuun leenjii hojii duraatiif gara KBBtti fiduun leenjii gahuumsa qabu argatanii gara ogummichaatti akka dhufan gochuuf qajeelfama filannoo qopheessuun ittiin hoojjachuun barbaachisaa dha. Kanaaf, haala qabatamaa naannoo keenyaatiin kan walsime qajeelfamni filannoo kaadhimamtoota barsiisotaa sagantaa dippiloomaa (10+3) moodaalitii adda addaaf tajaajiluuakka armaan gadiitti qophaa'ee jira.

## 1. Kaayyoo

1.1. Dorgomtoota dandeettii, fedhii fi jaalala ogummaa barsiisummaa qabaatanii amala gaarii fi kaka'umsa olaanaa qaban gara ogummaa barsiisummaatti fiduun ,

1.2. Dubartootaa, barattoota naannoo horsiisee bulaa fi qaama miidhamtoota ogummaa barsiisummaa irratti hirmaannaa isaan qaban oliguddisuuf,

1.5. Dorgomtoota S/Uumaamaatiin dandeettii fi ga'umsa qaban Teeknishaana Laabooraatooriif filachuun leenjisuuf,

## 2. Ulaagaalee Filannoo Kaadhimamtoota Barsiisotaa Barnoota Diippiloomaa, BID fi Laab.Teeknishaanii fi Barnoota Barsiisota Fedhii Addaa (Sagantaa 10+3)

### 2.1 Ulaagaalee Filannoo (Haal-Dureewwan Guutamuu Qaban)

#### 2.1.1 Dandeettii /Gahuumsa Akkaadaamii

- Afaan Oromoo sirriitti dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu fi barreessuu kan danda'an ta'uu qabu,
- Firii tiraanskiriiptii kutaa 9-10 ykn 9-12 gosa barnoota A/Oromoo,A/Ingiliziitiin fi Herregaan tokkoo tokkoo isaaniitiin giddugaleessaan 50%fi isaa oli kan qaban,
- Sagantaa barnootaa Afaan Amaaraattin kennamu irratti dorgomuu kan barbaadaniif Afaan Oromoo fi Afaan Amaaraa sirriitti dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu fi barreessuu kan danda'an fi firii tiraanskiriiptii kutaa 9-10 ykn 9-12 gosa barnoota A/Oromoo, A/Ingiliziitiin, Herregaan fi Afaan Amaaraa tokkoo tokkoo isaanii 50%fi isaa oli kan qaban.
- Dorgomtootni qaro-dhabeeyyii ta'an bireelitiin barreessuu fi dubbisuu kan danda'an ta'u qabu akkasumas kan gurraan dhaga'uu hin dandeenye mallattoo Aflatootniin waliigalu danda'u qabu.

#### 2.1.2 Ga'umsa Qaamaa

A. Umuriin dorgomtootaa waggaa 16-35 ta'uu qaba. Kunis, waraqaa ragaa guyyaa dhalootaa, dhaabbilee fayyaa mootummaatiin kennamaniin ykn umurii kaardii kutaa saddeetii irratti galmaa'aniin ilaalamuun kan mirkanaa'u ta'a,

B. Dheerinni (hojjaan) – meetira 1.50 fi sanaa oli kan ta'an,

*Hub: Umurii ilaalchisee ragaan walfaallessu yoo dhiyaate qaama seeraan akka mirkanaa'u gochuun barbaachisaa dha.*

#### 2.1.3 Fayyummaa

- Sirriitti dhaga'uu fi dubbachuu kan danda'an. (Dorgomtoota KBB FA Sabbataa hin ilaalatu)
- Kan hin cabaqnee fi hin giingofne.
- Namni dorgomee darbe dhukkuba adda addaa kan akka dhukkuba **Sammuu**, **sombaa**, **afuuraa** fi **tuttuqaan** daddarbanirraa bilisa kan ta'ee fi kunis mana yaalaatiin kan mirkanaa'ee ta'uu qaba.

- Dorgomtoota dhaga'uufi arguu hin dandeenye akkasumas hir'ina qaamaa kamiyyuu kanneen qaban gahoo KBB FA Sabbataaf kennamee irratti dorgomuu ni danda'uu,

### 2.1.4 Ga'umsa namummaa/Sansakaa ('Personal qualities')fi Dirqama irraa eegamu

**A. Ga'umsa namummaa/Sansakaa ('Personal qualities')**

- Jeequmsa manneen barnootaa irraa bilisa kan ta'e/taatee fi kanaafis ragaa kana deeggaru barattoonni idilee **Mana Barumsaa itti barachaa turan ta'ee kan barattoota dhuunfaa garuu Waajjira Bulchiinsafi Nageenyaa Aanaa/Bulchiinsa Magaalaa** keessa jiraatu/ttuu qofa irraa dhiyeeffachuu kan danda'an ta'uu qabu,
- Hojii ogummaa barsiisummaaf jaalalaa fi fedhii kan qaban, akkasumas jaalalaa fi ilaalcha gaarii dagaagina Aadaa Oromoo fi Barnoota Daa'immaniif kan qaban.
- Mana barumsaa fi hawaasa keessa jiraatan keessatti amalaa fi naamusa gaarii/fudhatamaa/ kan qaban,
- Araada adda addaa irraa bilisa kan ta'e,
- Ragaan barnootaa isaan dhiheeffatan sobaa ('forged') irraa bilisa kan ta'ee fi ragaaleen hundi haqaa fi laaqaa kan hinqabaanne ta'uu qaba,
- Ragaa deggersa naamusa dorgomtoonni dhiyeeffatan kan bara 2009 aagarsiisu ta'ee barreeffamni isaa Waxabajjii bara 2009 irraa eegalee ta'uu qaba,

**B. Dirqama Irraa Eegamu**

- Leenjeefamtoonni erga leenjii KBB xumuran booda bakka itti ramadamaniitti yoo xinnate waggaa sadii hojjachuuf fedhii kan qabaniifi kanaafis waadaa kan galan ta'uu qaba.
- Namni bakka itti ramadamee deemee hojjachuuf fedhii hinqabneefi waggaa sadii gadi tajaajilan baasii mootummaan itti baase fi dabalatan 10% kaffaluuf waadaa galuu qabu, bakka dorgomaan/ttuun argamuu hin dandeenyetti namni wabii ta'e kan kaffalu ta'a.
- Ragaan barnootaa erga waggaa sadii tajaajilee/ttee booda kennamaaf

**Hub.** Shamarran ulfa ta'an dorgomanii kan darban yoo ta'e barri barnootaa kana barachuu kan hindandeenye ta'u hubatanii; bara itti aanuuf akka barachuu danda'an KBB dorgomanii irratti darban irratti gahoon ni qabamaaf.

### 2.1.5 Ga'oo Dorgomtootaa

**A. Barattoota Idilee:**

- **Dorgomtoota Idilee jchuun** barattoota qorumsa biyyoolessaa kutaa 10ffaa ykn kutaa 12ffaa bara 2009 yeroo calqabaaf fudhatan akkasumas barattoota bara 2009

kutaa 11ffaa barachaa turanii mana barumsaa itti barachaa turan irraa ragaa dhiyeeffatan ta'e; barattootni kutaa 12ffaa koota kenname kan guutan yoo ta'e dursa ni argatu.

**B. Dorgomtoota Dhuunfaa:**

- **Dorgomtoota Dhuunfaa jechuun** dorgomtoota qormaata biyyoolessaa kan kutaa 10ffaa ykn 12ffaa bara 2009 dura xumuranii bara **2007 – 2009** keessatti yoo xinnaate al tokko qoruumsa biyyoolessa kutaa 10ffaa ykn kutaa 12ffaa al-tokko fudhatan ta'e; barattootni kutaa 12ffaa koota kenname kan guutan yoo ta'e dursa ni argatu.

## 2.1.6 Dorgomtoota Idilee

### 2.1.6.1 Dorgomtoota Qaro Qabeeyytiif

- Qabxii tiraanskiriiptii kutaalee 9-10 ykn 9-12 qabxii jiddugaleessa (Average), **dubaraaf 55%** fi oli, **dhiiraaf 65%** fi oli kan qaban,
- Qorumsa biyyoolessaa kutaa 10ffaa gosa barnoota **Afaan Oromoon**"**B**"fi isaa ol, akkasumas **A/Ingiliziinfi Herregaan** "**C**" fi isaa ol kan qaban ta'
- Laaboraatoorii Teekinishaanii irratti kanneen dorgomaniif kan olitti tuqame akkuma jirutti ta'ee gosa barnoota **Baayolojii, Keemsitrii fi Fiiziksiin 'B'** fi oli kan qaban ta'uu qaba,
- Sagantaa Afaan Amaaraa irratti kanneen dorgomaniif kan Afaan oromoo, Afaan Ingiliziifi Herregaa kan olitti ibsame akkuma jirutti ta'ee Afaan Amaaraan "C"fi isaa ol kan qaban ta'uu qabu,
- Qabxiin waliigalaa kutaa 10ffaa kan qorumsa biyyoolessaa bara 2009 fudhatamu, **dubaraaf 2.43** fi oli, **dhiiraaf** ammoo **2.57** fi ol ta'uu qaba.
- Qabxiin waliigalaa kutaa 12ffaa kan qorumsa biyyoolessaa bara 2009 fudhatamu, **dubaraaf 250** fi oli, **dhiiraaf** ammoo **260** fi ol ta'uu qaba.

### 2.1.6.2 Qaro- Dhabeeyytiif

- Qabxii tiraaniskiriiptii kutaalee 9-10 ykn 9-12 jiddugaleessan (Average) **dubaraaf 50%**fi oli **dhiiraaf 60 %** fi oli kan qaban.
- Qorumsa biyyoolessaa kutaa 10ffaa gosa barnoota Afaan Oromoofi A/Ingliziin **"**B" fi isaa ol kan qaban.
- Qabxiin waliigalaa qorumsa biyyoolessaa kutaa 10ffaa bara 2009 **dubaraaf** 2.29 fi ol, **dhiiraaf 2.43** fi ol kan qaban.

- Qabxiin waliigalaa kutaa 12ffaa kan qorumsa biyyoolessaa bara 2009 fudhatamu, **dubaraaf 240** fi oli, **dhiiraaf** ammoo **250** fi ol ta'uu qaba.

**2.1.6.3 Dorgomtoota Naannoo Horsiisee Bulaa Irraa Filatamantiif**

- Qabxii tiraaniskiriiptii kutaalee 9-10 ykn 9-12 walitti cuunfamee dubaraaf **50%** fi olidhiiraaf **60%** fi oli kan qaban,2
- Qorumsa biyyoolessaa kutaa 10ffaa gosa barnoota **Afaan Oromoofi A/Ingiliziin** "**B**"fi isaa ol akkasumas **Herregaan "C"** fi isaa ol kan qaban ta'ee, Laaboraatoorii Teekinishaanii irratti kannen dorgomaniif kan olitti tuqame akkuma jirutti ta'ee gosa barnootaa **Baayolojii**, **Keemsitrii** fi **Fiiiksiin ''B''** fi ol kan qaban ta'uu qaba,
- Qabxiin waliigalaa kan qorumsa biyyoolessaa kutaa 10ffaa bara 2009 dubaraaf **2.29** fi ol, dhiiraaf **2.43** fi ol kan qaban
- Qabxiin waliigalaa kutaa 12ffaa kan qorumsa biyyoolessaa bara 2009 fudhatamu, **dubaraaf 230** fi oli, **dhiiraaf** ammoo **240** fi ol ta'uu qaba.

## 2.1.7 Dorgomtoota Dhuunfaa

### 2.1.7.1 Dorgomtoota Qaro Qabeeyyiif

- Qabxii Tiraanskiriiptii kutaa 9-10 ykn kutaa 12ffaa giddu galeessaan dubaraaf **55%** fi ol, dhiiraaf **65%** fi ol kan qaban
- Qorumsa biyyoolessaa kutaa 10ffaa gosa barnoota Afaan Oromoofi A/Ingiliziin "**B"fi isaa ol** akkasumas Herregaan "**C**" fi isaa ol kan qaban ta'ee, Laaboraatorii Teekinishaaniiirratti kanneen dorgomaniif kan olitti tuqame akkuma jirutti ta'ee gosa barnoota **Baayolojii, Keemsitrii** fi **Fiiziksiin ''B''** kan qaban ta'uu qaba,
- Qorumsa biyyoolessaa kutaa 10ffaa bara (2007-2009) keessatti yoo xinnaate al tokko fudhachuun isaa/ishee mirkanaa'ee qabxii dubaraaf **2.57** fi ol,dhiiraaf **2.71** fi ol kan qaban.
- Qabxiin qorumsa biyyoolessaa kutaa 12ffaa bara 2007-2009 keessatti yoo xinnaate al tokko kan fudhatan ta'eefi qabxii seensa qorumsa dubaraa 255 fi ol, dhiiraa 265 fi ol ta'a.

### 2.1.7.2 Qaro-Dhabeeyytiif

- Qabxiin traanskiriptii kutaa 9-10 ykn kutaa12ffaa giddu galeesssaan dubaraaf **50%** dhiiraaf **60%** fi ol kan qaban.

- Qorumsa biyyoolessaa kutaa $10^{ffaa}$ gosa barnoota Afaan Oromoofi A.Ingiliziin ”B” fi isaa ol kan qaban.
- Qabxiin qorumsa biyyoolessaa kutaa $10^{ffaa}$ bara 2007-2009 keessatti yoo xinnaate al tokko kan fudhatan ta’ee, qabxiin waliigalaa kan qorumsa biyyoolessaa dubaraaf **2.**43 fi ol dhiiraaf **2.57** fi isaa ol kan qaban.
- Qabxiin qorumsa biyyoolessaa kutaa $12^{ffaa}$ bara 2007-2009 keessatti yoo xinnaate al tokko kan fudhatan ta’ee, dhiiraaf **255**fi dubaraaf **245** ta’a.

### 2.1.7.3 Dorgomtoota Dhuunfaa Naannoo Horsiisee Bulaa Irraa Filatamaniif

- Dorgomtoota kutaa $10^{ffaa}$ ykn kutaa **$12^{ffaa}$** irraa dhufaniif qabxiin traaniskiriptii kutaa 9-10 ykn kutaa **$12^{ffaa}$** giddu galeesssaan dubaraaf **50% dhiiraaf 60%** fi ol kan qaban.
- Qorumsa biyyoolessaa kutaa $10^{ffaa}$ gosa barnoota Afaan Oromoofi A.Ingiliziin ”B” fi isaa ol akkasumas Herregaan “C”fi isaa ol kan qaban.
- Qabxiin qorumsa biyyoolessaa kutaa $10^{ffaa}$ bara 2007-2009 keessatti yoo xinnaate al tokko kan fudhatan ta’ee, qabxiin waliigalaa kan qorumsa biyyoolessaa dubaraaf **2.43**fi ol dhiiraaf **2.57**fi isaa ol kan qaban.
- Qorumsa biyyoolessaa kutaa $12^{ffaa}$ bara 2007-2009 keessatti yoo xinnaate al tokko kan fudhatan ta’ee, dhiiraaf qabxiin **255**fi dubaraaf **245.**

***Hubachiisa:***

i. Wiirtuu barattoonni naannoo horsiisee bulaa irratti dorgaman irratti barattoonni Godinaalee/Aanaalee horsiisee bulaan alaa deemanii irratti dorgmuu hin danda’an

ii. Sagantaa Afaan Amaaraa keessatti kan barsiifamu gosa barnootaa Afaan Amaaraa qofa osoo hin taane muummee afaanii alattis barnootni Afaan Amaaraatiin kan kennamu ta’a.

## 2.2. Akkaataa Kenna Qabxii Ulaagaalee Filannoo

### 2.2.1. Dorgommii marsaa 1ffaatiif darbuuf haala qabxiin ittiin kennamu

i. Qabxiin firii Traanskiriiptii sadarkaa $2^{ffaa}$ kutaa 9-$10^{ffaa}$ **ykn 9-12 50%** keessaa

ii. Qabxii firii qorumsa biyyoolessaa kutaa $10^{ffaa}$ ykn kutaa $12^{ffaa}$ **50 %** keessaa

### 2.2.2. Akkaataa Qabxiin Tiraanskiriiptii Itti Kennamu

Firiin qabxii giddu-galeessaa kan tiraanskiriiptii sadarkaa **$2^{ffaa}$** kutaa 9-10 ykn 9-12 dorgomtootni dhiyeeffatan, akkaataa armaan gadiitti shallagamee 50% keessaa kennamaaf. Innis qabxii tiraanskiriiptii 0.5 tiin baay’isuudhaan firii kennamuudha. Fakkeenyaaf, dorgomaan tokko qabxii tiraanskiriiptii 60% qabu

haalli itti shallagamuuf, 60x0.5=**30** dhufa. Kanaaf nama qabxii tiraansikiriiptii 60% qabu, 50% keessaa 30%tu kennamaaf jechuudha.

#### 2.2.3. Akkaataa Qabxiin Qorumsa Guutuu Biyyoolessaa Kutaa 10$^{ffaa}$ fi 12$^{ffaa}$ Itti Kennamu

Firiin qabxii jidduu-galeessaa kan qormaata guutuu biyyoolessa kutaa 10ffaa dorgomtootni dhiyeeffatan, akkaataa armaan gadiitti shallagamee 50% keessaa kennamaaf. Innis qabxii qormaata guutuu biyyoolessa 12.5 tiin baay'isuudhaan firii kennamuudha. Fakkeenyaaf, dorgomaan tokko qabxii qormaata guutuu biyyoolessa 3.0 qabu haalli itti shallagamuuf, 3.0x12.5 = **37.5** dhufa. Kanaaf namni firii qormaataa guutuu biyyooleessaa 3.0 galmeessiseef, 50% keessaa 37.5%tu kennamaaf jechuudha. Akkasumas barattoota qormaata seensaa kutaa 12ffaa'n galmaa'aniif qabxiin isaan qaban 50'n baay'isuun 700'f hiruu ykn firii qorumsa kutaa 12$^{ffaa}$ galmeesse 0.0714 baay'isuudha. Fakkeenyaaf barataan qabxii 250 qabu qabxiin inni/isheen argatu/ttu (250x50) ÷ 700 = 250 x 0.0714= 17.85 argata jechuudha.

## 3. Dorgommii marsaa 2$^{ffaa}$ ykn isa xumuraa KBBtti darbuuf ulaagaalee qabxiin 100% keessaa ittiin kennaman:

i. Qormaata seensaa........................................................................ 65%.

ii. Gaaffii fi deebii dhuunfaa ykn gaaffii qomaa dhuunfaa...........................10%

iii. Dandeettii dubbisuu fi bareessuu danda'uu(Reading &Writing skills)......20%

iv. Muuxannoo barsiisummaa hirmaannaa BGQGX fi kan biroo irratti……..3%

v. Hirmaannaa gumiiwwanii...........................................................................2%

vi. Waliigalaatti **100%** keessaa kan shallagamu ta'a.

### 3.1. Qorumsa Seensaa…………………………………..………………65%

#### 3.1.1. Yeroo qorumsi qophaa'u waantotailaalamuu qaban:

- Dandeettii Afaan Oromoo dubbisuu fi barreessuu,
- Dandeettii Afaan Ingiliizii dubbisuu fi barreessuu,
- Kannen barnootaa Sagantaa Afaan Amaaraattin keenamu irratti dorgomaniif dabalataan dandeettii Afaan Amaaraa dubbisuu fi barreessuu,
- Dandeettii Herregaa qabaachuu,
- Barnoota Lammummaa fi Amala Gaarii irratti dandeettii fi ga'umsa qabaachuu,

- Beekumsa waliigalaa qabaachuu,
- Ilaalchaa fi fedhii ogummaa barsiisummaa fi dagaagina barnoota daa'immanii irratti hubannoon jiraachuu,
- Beekumsa dorgomtoonni heera Mootummaa Federaalaa fi B.M.N. Oromiyaa irratti qaban kan hammatu ta'a.

**3.1.2 Akkaataa Qorumsi Itti Gaggeeffamu:**

- Dorgomtoonni qorumsa seensaatiif dhihachuuf firii ragaalee tiraansikiriptii fi qorumsa biyyooleessaa ida'uun erga cuunfamee booda kanneen caalmaa qaban, humna simannaa KBB irratti hundaa'uudhaan kootaa wiirtuu sanaaf kenname harka 3 (sadiin) baay'isuun qormaata seensaa kan fudhatanii calaallii itti aanuuf darban ta'a.
- Qorumsi seensaa sadarkaa BBOtti barsiisota KBB irraa filatamaniin of-eeggannoodhaan qophaa'uu qaba.
- Qorumsi seensaa guutuu Oromiyaatti guyyaa fi sa'aatti walfakkaatutti **Fuulbaana …., 2010** ganama **sa'aatii 3 – 6:30tti** ni kennama.
- Qorumsi seensaa kan kennamu garee KBB irraa ijaaramanii wiirtuu filannoo irratti ramadaniin kan gaggeeffamu ta'a.

**Hub:** *Waajjira Barnoota Godinaa, Bulchiinsa Magaalaa fi Aanaa akkasumas Bulchiinsi God/Bul.Magaalaa fi Waajjirri Poolisii wiirtuutti argamuudhaan deeggarsa barbaachisu hunda kennuu qabu.*

**3.1.3 Akkaataa Qorumsi Itti Soroorfamu**

- Qorumsi kan soroorfamu barsiisota kolleejjichaan ta'ee sa'aatii **48** keessatti qindaa'ee guutamuun bu'aan isaas dorgomtootaaf wiirtuu itti dorgomanitti maxxanfamuufii qaba.
- Waraqaaleen qorumsa seensaa sirreeffaman martinuu wiirtuulee irraa walitti qabamanii KBB qorumsa kenne keessatti of-eegannoon yoo xiqqaate **ji'oota sadiif** akka taa'an taasifama.

***Hub.***

- Dorgomtoonni gaaffii qoomaatiif osoo hindhiyaatin dura qorumsa seensaatiin yoo xiqqaate firii walakkaa fi isaa oli galmeessuu kan qaban yoo ta'uu kan aanaalee

horsiisee bulaa, qaro-dhabeeyyiifi dhaga'uu kan hin dandeenye garuu 40% fi oli galmeessisuu qabu.

- Qormaata seensaa irratti moobaayilii, maashina idaatuu(calculator) fi waraqaa hin eyyamamnee qabatanii daree qormaataa seenuun dhorkaa dha.
- Baay'inni dorgomtootaa daree tokkotti qormaata seensaa fudhatan 40 (afurtama) caaluu hinqabu,
- Dorgomtoonni qormaata kamiifuu yoo dhufan waraqaa eenyummaa isaanii fudhatanii seenuu qabu.

## 3.2 Gaaffii Qomaa ("Interview ") .................................................10%

Pirofaayilota Madaalamuu qaban:

- Hubannoo heera mootummaa feederaalawaa,
- Dandeettii A/Oromoo dubbisuu fi barreessuu,
- Hubannoo waliigalaa waa'ee Naannoo Oromiyaa,
- Ilaalcha fi fedhii ogummaa barsiisummaaf qabaniin ta'a.

### 3.2.1 Akkaataa Gaaffiin Qomaa Itti Gaggeeffamu

Gaaffiin qomaa kolleejjonni wiirtuu waliigalaa isaan qopheessanitti gaggeeffama. Baay'ina dorgomtootaa kolleejjichaan filatamuu qaban ga'oo wirtuu sanarratti kolleejjichaaf kenname irratti **25%** dabaluun lakkoofsa dorgomtootaa argameen kan gaggeeffamu ta'a. Fakkeenyaaf ga'oon kolleejjichaa 300 yoo ta'ee, kan gaaffii qomaaf dhiyaatan 300 (25%x100) =75waan ta'eef 75+300=375 ta'a jechuudha.

**Hub:**

i. Dorgomaa/tuu tokkoof sa'aatiin gaaffii qomaa dhuunfaaf kennamu daqiiqaa 10 caaluu hin qabaatu.

ii. Baay'innii fi ulfaatinni gaaffilee kaadhimamtoota hundaaf dhiyaatu amma danda'ametti kan walmadaalu ta'uu qaba.

### 3.2.2 Akkaataa Qabxiin Itti Kennamu

Qabxiin gaaffii qomaaf kennamu, haala gabatee armaan gadii keessatti ibsameen raawwatama.

| Pirofaayiloota Madaalaman | Qabxii | Yaada |
|---|---|---|
| 1. Dandeettii Afaan Oromoo dubbachuu fi yaada ofii ibsachuu | 3% | |
| 2. Dandeettii waliigaltee nama biroo wajjiin qabu | 2% | |
| 3. Ilaalchaa fi fedhii ogummaa barsiisuummaaf qaban | 3% | |
| 4 Jaalala daa'immaniif qabu/qabdu | 2% | |
| Walitti | 10% | |

**Hub:**

**Akkaataa Qabxiin Itti Guutamu**: *Miseensonni korichaa gaaffii qomaa gaggeessan hundi KBB irraa kan bakka bu'an ta'e qabxii pirofaayilii madaallii dorgomaa/tuu tokkoof kopha kophaatti kennan erga walitti ida'anii cuunfanii booda qabxiin jiddugaleessaa fudhatamuu qaba.*

**3.3 Dandeettii Dubbisuu fi Barreessuu (dubbisuuf 10%, Barreessuuf 10%)..........20%**

Dandeettii dubbisuu fi barreessuu safaruuf barruulee addaa addaa irraa dorgomtootni akka isaan dubbisan gochuu fi jechootaa adda addaa akka isaan barreessan taasiisuun dandeettii isaan qaban sakatta'uun kan raawwatamu ta'aa.

**3.4 Muuxannoo Barsiisummaa Hirmaannaa Barnoota Ga'eessotaa Dabalatee…3%**

Qabxiin kun guutuun kanneen kennamuuf dorgomtoota oolmaa daa'immanii, ykn manneen barnoota mootummaa, dhuunfaa, Dhaabbilee Mit-Mootummaa ykn kan ummataa keessatti waggaa tokkoo fi ol barsiisuu isaaniitiif xalayaa seera duratti fudhatama qabu mallattoo, lakkoofsa pirootokoolii fi chaappadhaan mirkanaaye Waajjira Barnoota Aanaarraa dhiyeeffataniif yammuu ta'u, waggaa tokkoo gadi kan tajaajila qaban yoo ta'e, qabxiin **3** kun ji'a **10f** hiramee ji'oota isaan tajaajilaniin baay'atee qabamaaf **Ykn** Barnoota **ga'eessotaa qinda'aa gochaarratti xiyyeeffate (BGQGX) fi barnoota bu'uura filannoo (BBF)** bara **2003** asitti marsaa marsaadhaan kennamaa jiru kan barsiise/te yoo ta'e jechuun marsaa tokko yoo barsiise/te **1.0%** , marsaa lama yoo barsiise/te qabxii **2.5%**,marsaa sadanuu guutuutti kan barsiise yoo ta'e **3%** argatu.

**3.5 Hirmaannaa Gumiiwwanii...................................................................2%**

Turtii manneen barnoota sadarkaa lammaffaa keessatti sochii gumiiwwan keessatti qooda fudhachuun hirmaannaa kan qabaniifi ragaa kana deeggaru mana barumsa keessa turani irraa kan dhiyeeffatan ta'uu qaba. Kenni qabxii isaa walitti qabaa ykn barreessaa gumii ta'uun waggaa tokkoo fi oli kan tajaajilaaniif qabxii 2% akka argatan ta'ee kanneen miseensa ta'uun waggaa tokkoo fi isaa oli hojjataniif qabxiin 1.5% akka argatan ta'a.

**Hubachiisa:**

a. Dorgomtoonni waraqaan ragaa isaan dhiyeeffachuu qaban kan Biiroo Barnootaatiin ykn Waaj. Barnoota Godinaatiin/Waaj. Barnoota Bul, Magaalaatiin ykn Waajjira Barnoota Aanaatiin giddugaleessummaadhaan qophaa'ee qaama seera qabeessa ta'een waraqicharratti mallattaa'e qofa ta'a,

b. Ragaa mana barumsaa irraa dhiyaatu immoo chaappaa fi mallattoon kan mirkaneessu Dura Bu'aa ykn I/Aanaa dura bu'aa mana barumsichaa ta'uu qaba.

c. Ragaan hirmaannaa walfakkaataa irratti dhiyaatu al tokko qofa herregama.

d. Ragaan sobaan hojjatamee dhihaatu kamiyyuu dorgommiin ala kan taasisuu fi seeraanis kan nama gaafachiisu ta'a.

## 4. Adeemsa Raawwii Filannoo

Kaadhimamtoonni barsiisotaa sadarkaa dippilooma bara 2010 kolleejjotaa Barnootaa Barsiisotaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa 13n keessatti galanii barachuu akka qaban haala qabatamaa jirutti godinaalee fi bul. Magaalootaa mara irraa kan filataman ta'ee, raawwannaa isaatiif akkaatuma ga'oo humna simannaa kolleejjichaaf kennameen ta'a. KBB 13'n akkaataa humna simannaa isaanii bu'uureeffachuun qooddii godinaalee fi bul. Magaalootaa irratti BBOn isaaniif taasiifame irratti yeroon filannoo gaggeessanii xumuruun leenjii bara 2010 qopheessuu qabu

### 4.1 Gahoo/Hirmaannaa/ Dubaraa fi Aanaalee Horsiisee Bulaa

Hirmaannaan dubaraa ga'oo kolleejjichaaf kenname keessaa:

- 50% dubartoonni kophaatti waliin kan dorgoman ta'u.
- 50 % hafe irratti immoo dhiirri fi dubarri kan waliin dorgoman yoo ta'u,.
- Laabooraatorii Teeknishaanii filachuu ilaalchisee dub.50% fi dhi. 50% ta'ee kanneen filaataman barattoota 12ffaa xumuran irraa kan dorgoman yoo ta'e mana barumsa qophaa'inaa keessatti S/Umamaa kan baratan ta'uu qabu.
- BID irratti gahoon dubartootaa 80% ta'ee kan dhiiraa 20% ta'uu qaba.

***Hub*.**

Sagantaa hunda irratti bakka gahoon dubaraa hin guunnetti dhiirri ulaagaa guutu irratti dorgomuu ni danda'a. Gahoo kutaa 13[ffaa]'f kennamu irratti hanqinni dorgomtootaa yoo jiraata warri kutaa 10ffaa irratti dorgomuu danda'u.

## 4.2 Mirga Dorgomtootaa Ilaalchisee

Ulaagaa bahe eegee eenyu iyyuu wiirtuu filannoon itti gaggeeffamu irratti galmaa'ee dorgomuu ni danda'a. Haata'u malee, dorgomaan/ttuun kamiyyuu godina ykn bulchiinsa magaalotaa kamirrattuu ramadamee/tee hojjachuuf dirqama qaba/di.

## 4.3 Dheerina Yeroo Leenjii

Dheerinni yeroon leenjii kaadhimamtoota barsiisota sagantaa dippiloomaa idileen kennaman hundaaf waggaa sadi (10+3), kan galgalaa waggaa afur fi kan BID irratti 'certificate'n leenji'an waggaa tokkoo ta'a.

## 4.4 Ragaalee Qaama Leenjisuu (KBB)f Ergamuu Qaban

Waajjirri barnoota Godinaalee fi Bul. magaalotaa ragaalee waliigaltee fi meedikaalaa kan barattoota filatamanii kolleejjoota dhimmi ilaaluuf xalayaadhaan yeroo ji'a tokko hin caalle keessatti erguufii qabu.

## 4.5 Filannoo Kaadhimamtoota Barsiisotaa Keessatti Hojii fi Ga'ee Qaamolee Adda Addaa

Adeemsa filannoo leenjii barsiisotaa keessatti qaamoleen adda addaa hirmaachuun gahee isaan irraa eegamu bahuun hojii kun akka fiixaan bahu gochuun barbaachisaa dha. Kunis keessattuu kan hammatu Biiroo Barnootaa Oromiyaa, Waajjira Barnoota Godinaa/Bulchiinsa Magaalaa fi Aanaa akkasumas Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa ni dabalata. Adeemsa filannoo kana irrattis ga'ee fi hojiin qaamolee adda addaa haala armaan gadiitiin tarraa'ee jira

### 4.5.1 Ga'ee fi Hojii Biiroo Barnoota Oromiyaa

- Qajeelfama filannoo kaadhimamtoota barsiisotaa bara 2010 qopheessuun hoggantootaa KBB waliin irratti mari'achuun gabbisuu,
- Kolleejjonni qormaata seensaa fi gaafii qomaa akka qopheessan gochuu fi qindeessuu,
- Kolleejjota wajjiin mari'achuun sagantaa qormaataa qopheessuu,

- Godinaalee fi bulchiinsa Magaalotaaf gahoo qooduun iddoo kolleejjonni kadhimamtoota barsiisotaa irraa filatan murteessuun kolleejjota beeksissuu,
- Iddattoo (Sample) KBB fudhachuun adeemsa filannoon itti raawwatamaa jiru hordofuu fi deeggarsa kennuu,

### 4.5.2 Ga'ee fi Hojii Waajjira Barnoota Godinaalee/Bulchiinsa Magaalootaa

- Ga'oo godinichaaf kenname aanaaleef qooduu,
- Wirtuu filannoo kolleejjonni kaadhimamtoota barsiisotaa irraa filatan deeggaruu fi hojiirra oolchuu,
- Filannoo miseensota koree gaaffii qomaa gaggeessan waajjira barnoota aanaalee fi kanneen biroo irraa akka filataman gargaarsa barbaachisu kolleejjotaaf gochuu,

### 4.5.3 Ga'ee fi Hojii Waajjira Barnoota Aanaalee

- Wirtuu kolleejjonni irraa filatan irratti qormaata seensaa fi gaafii qomaatiif haala mijeessuu.
- Gaaffii kolleejjii irraa dhihaatu bu'uureffachuun barsiisaa adda duree ta'an manneen barnoota sad. 2ffaa irraa gaaffii qomaafi dorgomtoota qaro dhabeeyyiif qormaata dubbisan irratti ramaduu,
- Adeemsi filannoo naamusaan gaggeeffamee akka xumuramu hordoffii fi deeggarsa barbaachisaa ta'e taasiisuu,

### 4.5.4 Ga'ee fi Hojii Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa

- Yeroon wiirtuu filannoo irratti argamuun beeksiisa bakka ifa ta'etti maxxansuun dorgomtoota afeeruu,
- Guyyaa galmeen itti eegaluu irraa kaasee kadhimamtoota barsiisotaa haala ulaagaa filannoo qophaa'een galmeessuu,
- Qormaata seensaa qopheessuu fi baay'isuu,
- Wiirtuu qormaataa filachuu fi namoota qormaata kennan ramaduu.
- Qormaata seensaa fi gaaffii qomaa qindeessuu.
- Calallii sadarkaa sadarkaan gaggeeffamu raawwachuu.
- Ragaalee dorgomtootaan dhihaatan hunda sirrii ta'uu isaanii mirkaneeffachuu fi sirnaan qabuu,

- Adeemsa filannoo kaadhimamtootaa keessatti qaama miidhamtootaaf xiyyeeffannoo kennuu, kunis bakka qormaataa itti agrsiisuu, kan dubbisuu hindandeenyef dubbisuu, gaaffii qomaa yemmuu gaggeeffamu of-eeggannoo gochuuf fi kkf dha.
- Raawwii hojii filannoo kaadhimamtootaa barsiisotaa hanga Onk.20/2008tti BBO beeksiisuu,

#### 4.5.5 Ga'ee fi Hojii Manneen Barnoota Sadarkaa 2ffaa

- Ragaalee barnootaa dorgomtootaaf kennan sirrii ta'uu isaanii mirkaneeffachuu,

## 5. Gareewwan Filannoo Raawwatanii fi Gahee Hojii Isaanii

Filannoo kaadhimamtoota barsiisotaa milkeessuf gaheen hojii koree filannoo fi miseensota isaanii akkasumasgaheen qaamolee adda addaa akka armaan gaditti kan ibsamee ta'a.

### 5.1 Garee Filannoo Kolleejjichaa

### 5.2 Miseensota Garee Filanoo Kolleejjichaa

- Diinii Kolleejjicha ---------------------------------------------- Walitti qabaa
- Abbaa Adeemsa Hojii Leenjii -------------------------------I/A/Walitti qabaa
- I/G/striimootaa hundaa ---------------------------Miseensa(Isaan keessaa kan Istiriimichaa yoo qindaa'u I/G Istiriimichaa barreessaa)
- Itti Gaafatamaa/tuu dhimma idileessaa koornayaa/focal person-------Miseensa

#### 5.2.1 Gahee Hojii Garee Filannoo sadarkaa Kolleejjii

- Miseensota garee filannoo sadarkaa kolleejjiitti haala qajeelfamaatiin ijaaruu,
- Miseensonni filannoo gaggeessaniif miseensummaa isaanii hubachiisuuf xalayaan beeksisuu,
- Sagantaa hojii baafachuu,
- Wiirtulee filannoon irratti gaggeeffamu hundeessuu,
- Ga'oo kolleejjichaa keessaa dorgomtoonni meeqa wiirtuu kamirratti filatamuu akka qaban murteessuu,
- Beeksiisa dorgomtoota galamaa'uuf afeeru haala-dureewwan murteessaa ta'an (pre-requsites) jalatti tarreeffaman ifaan mul'isu, iddoo mul'achuu danda'u hundatti maxxansuu

- Meeshaalee barreeffamaa qopheessuun garee filannoof qooduu, Koree filannoo xixinnaa wiirtuwwan irratti hundeessuu, bobbaasuu, hordofuu fi deggersa kennuu,
- Raawwii koreen filannoo wiiirtulee irraa fidan irratti hundaa'uun dorgomtoota simachuu/mirkaneessuu,
- Iyyannoo dorgomtoonni wiirtulee adda addaa irraa dhiyeeffatan qorachuun murtii dhumaa kennuudha.

### 5.2.2 Garee Filannoo Sadarkaa Wirtuu

- Meeshaalee barreeffamaa filannoof barbaachisan qopheessuu,
- Dorgommii dursaanii haala sagantaa jiruun iddoo mijataa ta'etti beeksisa baasuu;
- Haala ulaagaa irratti tarreeffameen haalduree (pre-requisites) dorgomtoonni guutuu qaban addeessuun maxxansuu,
- Ragaa kaadhimamtoonni dorgommiif dhiyeeffatan orijinaalafi footokoppii waliin mirkaneessuun galmeessuu, kanneen hin filatamneef orijinaala xumura filannoo irratti dorgomtootaaf deebisuu, kanneen filataman ragaan orijinaalli footoo koppii waliin kolleejjiitti erguu,
- Dorgomtoota filataman waliigaltee guuchisiisuu,
- Ga'oo wiirtuu saniif kenname hubannoo keessa galchuun haala ulaagaalee dorgommii tarreeffamaniin walduraa duubaan dorgomsiisuu fi dorgomtoota darban haala sagantaatiin eeggattoota 10% wajjin koree filannoo sadarkaa kolleejjiitti dabarsuu.

## 5.3 Gahee Hojii KBB

- Sagantaa qophaa'e irratti hundaa'udhaan barsiisota adda duree ta'anii fi raawwii sagantichaatiif kutannoodhaan hojjatan durgoo fi geejjiba kanfalee bobbaasuu,
- Yeroo leenjifamtoonni galmeef dhiyaatan koree simannaa miseensota 3-5 qabu ijaaruun dorgomtoonni haala qajeelfamaatiin filatamuu isaanii ragaalee dorgomtootaa sakatta'uudhaan mirkanneeffachaa galmeessuu, kaadhimamtoota haala qajeelfamaan wal hinsimneen filataman qulqulleeffatee ni gaggeessa. Dogongora uumameef, qaamni dogongora uume itti gaafatamummaa akka fudhatu ni taasisa,
- Kolleejjonni dhimmi isaan ilaalu wiirtuulee kolleejjii sanaaf kaadhimamtoonni filataman keessatti bakka bu'oota ergachuu qabu,
- Xumura filannichaa irrattis kolleejjonni ragaalee kaadhimamtootaa sirnaan qindeessuun mallatteessanii wal harkaa fuudhuu qabu.

- Kolleejjoonni ragaalee barsiisotaan qindaa'anii wiirtuu filannoo irraa ergaman harkaa fuudhuun hojiiwwan kolleejjicha keessatti ittiin hojjetamuu qaban itti fufiinsaan ni hojjetu.
- KBBn kootaan isaanii jalaa hankaaku eeggattoota KBB biroo irraa guuttachuun ni danda'ama**.**
- Wiirtuuwwan filannoon itti gaggeeffaman keessatti eeggattoonni 10% qindeessuun ergamuu qabu.
- Ragaa kaadhimamtootaa qindaa'uu irratti dogoggora uumamuuf koreewwan calallii qixa hundaanuu kan itti gaafataman ta'u.

## 5.4 Gahee kaadhimamtoota Filatamana

i. Waraqaa meedikaalaa orijinaalaa fi footookooppii wajjin dhiyeeffachuu,

ii. Ragaa qulqullina qabu dhiheeffachuu fi naamusa dorgommii eeguun dorgomuu,

iii. Ragaawwan dorgommiif dhiyaatan hunda dhiyeeffachuu,

iv. Dorgammii kan darban yoo ta'e wabii dhiyeeffachuu,

v. Uffata leenjii jabeenya qaamaatiif mijaa'aa ta'e qabatanii argamuu,

## 4. Sagantaa Filannoo Kaadhimamtoota Barsiisotaa diploomaa kan bara 201

| Lak. | Hojiilee Raawwataman | Guyyaa |
|---|---|---|
| 1 | Gareen kolleejjota irraa ergamu godinaalee fi bulchiinsa magaalotaa wajjin ta’uun wiirtuulee filannoo qopheessuu, | **18/01/2010** |
| 2 | Beeksisa haal dureewwan /prerequisites/ qajeelfama filannoo irratti ibsaman ifaan mullisuufi dorgomtootaa affeeru iddoo/ bakka dorgomtoonni arguu danda’an hundaarratti maxxansuu, | **18-19/01/2010** |
| 3 | Bakka bu’aan kolleejjichaa wiirtuu filannootti argaamun galamee dorgomtootaaf haala mijeessuu | **20/01/2010** |
| 4 | Koreen filannoo ragaa dorgomtootaa sakkatta’ee galmee ni gaggeessa | **21-24/01/2010** |
| 5 | Dorgomtoota qorumsa seensaatiif dhiyaachuu qaban addaan baasuu fi beeksisuu | **25/01/2010** |
| 6 | Qorumsa seensaa kennuu | **26/01/2010** |
| 7 | Qorumsa soroosuu fi calallii dorgommii adeemsisuudhaan dorgomtoota gaaffii qomaaf dhiyaachuu qaban addaan baasuu fi beeksisuu. | **27-28/01/2010** |
| 8 | Gaaffii qomaa geggeesuun qabxii waliigalaa kaadhimamtoota beeksiisuu | **29-30/01/2010** |
| 9 | Dorgomtoota dorgommii darban ragaa Meedikaalaa dhiheeffataniif waliigaltee guuchisiisuu | **1-2/02//2010** |
| 10 | Filannoo wiirtuuwwaniittigaggeeffame sadarkaa kolleejjitti calaluu | **3-4/02/2010** |
| 11 | Kolleejjiiitti galmee kaadhimamtootaa geggeessuu | **5-6/02/2010** |
| 12 | Kaadhimamtoota wajjin marii gaggeessuu | **7/02//2010** |
| **13** | **Leenjii bara 2010 eegaluu** | **8/02//2010** |

**Humna Simannaa Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa Bara 2010**

| L.T | Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa | Simannaa k/barsiisota bara 2010 |
|---|---|---|
| 1 | Adoolaa | 700 |
| 2 | Asallaa | 500 |
| 3 | Bulee Horaa | 350 |
| 4 | Chiroo | 550 |
| 5 | Dambii Dolloo | 400 |
| 6 | Fiiche | 600 |
| 7 | Jimmaa | 750 |
| 8 | Mattuu | 500 |
| 9 | Naqamtee | 600 |
| 10 | Roobee | 650 |
| 11 | KBB Sabbataa (Fedhii Addaa) | 500 |
| 12 | Shaambuu | 300 |
| 13 | Yaabelloo | 150 |
| | **Ida'ama** | **6550** |

**Gahoo BID Sagantaa 10+3 Godinaalee fi bul. Magaalotaa KBB Asallaa, Jimmaa, Naqamtee fi Roobee bara 2010**

| Lakk. | Maqaa Godinaalee | **Gahoo kadhimamtotaa BID** | **KBB Asallaa** | **KBB Jimmaa** | **KBB Naqamtee** | **KBB Roobee** | **KBB Ciroo** |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Arsii | 58 | 28 | | | | 30 |
| 2 | A/Lixaa | 32 | | | | 32 | |
| 3 | Baalee | 21 | | | | 21 | |
| 4 | Boranaa | 7 | | | | 7 | |
| 5 | Bu.Beddellee | 15 | | 15 | | | |
| 6 | GAONF | 10 | 10 | | | | |
| 7 | Gujii | 24 | | | | 24 | |
| 8 | Gujii Lixaa | 19 | | | | 19 | |
| 9 | H/Bahaa | 29 | | | | | 29 |
| 10 | H/Lixaa | 21 | | | | | 21 |
| 11 | HGW | 30 | | | 30 | | |
| 12 | I/A/Booraa | 22 | | 22 | | | |
| 13 | Jimmaa | 49 | | 49 | | | |
| 14 | Q/Wallaggaa | 32 | | | 32 | | |
| 15 | Sh/Bahaa | 20 | | | | | 20 |
| 16 | Sh/ Kaabaa | 33 | 33 | | | | |
| 17 | Sh/Ki/Lixaa | 15 | 15 | | | | |
| 18 | Sh/Lixaa | 51 | 37 | 14 | | | |
| 19 | W/Bahaa | 44 | | 29 | 15 | | |
| 20 | W/Lixaa | 73 | | | 73 | | |
| 21 | Adaamaa | 17 | | | | 17 | |
| 22 | Amboo | 5 | | 5 | | | |
| 23 | Asallaa | 8 | 8 | | | | |
| 24 | Baatuu | 3 | | | | 3 | |
| 25 | Bishooftuu | 9 | | | | 9 | |
| 26 | Burraayyuu | 2 | 2 | | | | |
| 27 | Dukam | 2 | 2 | | | | |
| 28 | Galaan | 1 | | | | 1 | |
| 29 | Hoolotaa | 3 | 3 | | | | |
| 30 | BM Jimmaa | 8 | | 8 | | | |
| 31 | L/X/L/Daadhii | 1 | 1 | | | | |
| 32 | Moojoo | 3 | | | | 3 | |
| 33 | Naqamtee | 8 | | 8 | | | |
| 34 | Roobee | 4 | | | | 4 | |
| 35 | Sabbataa | 5 | 5 | | | | |
| 36 | Shaashama. | 10 | | | | 10 | |
| 37 | Sulultaa | 2 | 2 | | | | |
| 38 | Walisoo | 4 | 4 | | | | |
| **Ida** | | **700** | **150** | **150** | **150** | **150** | **100** |

**Gahoo KBB F/A/Sabbataa 2010**

| **Lakk.** | **Maqaa Godinaalee** | **Gahoo kadhimamtotaa (10+3)** |
|---|---|---|
| 1 | Arsii | 42 |
| 2 | A/Lixaa | 23 |
| 3 | Baalee | 15 |
| 4 | Boranaa | 5 |
| 5 | Bu.Beddellee | 11 |
| 6 | GAONF | 7 |
| 7 | Gujii | 17 |
| 8 | Gujii Lixaa | 13 |
| 9 | H/Bahaa | 21 |
| 10 | H/Lixaa | 15 |
| 11 | HGW | 21 |
| 12 | I/A/Booraa | 16 |
| 13 | Jimmaa | 35 |
| 14 | Q/Wallaggaa | 23 |
| 15 | Sh/Bahaa | 14 |
| 16 | Sh/ Kaabaa | **23** |
| 17 | Sh/Ki/Lixaa | **11** |
| 18 | Sh/Lixaa | **36** |
| 19 | W/Bahaa | **32** |
| 20 | W/Lixaa | **52** |
| 21 | Adaamaa | **12** |
| 22 | Amboo | **4** |
| 23 | Asallaa | **6** |
| 24 | Baatuu | **3** |
| 25 | Bishooftuu | **6** |
| 26 | Burraayyuu | **2** |
| 27 | Dukam | **2** |
| 28 | Galaan | **1** |
| 29 | Hoolota | **2** |
| 30 | BM Jimmaa | **5** |
| 31 | L/X/L/Daadhii | **2** |
| 32 | Moojoo | **3** |
| 33 | Naqamtee | **5** |
| 34 | Roobee | **2** |
| 35 | Sabbataa | **3** |
| 36 | Shaashamannee | **6** |
| 37 | Sulultaa | **1** |
| 38 | Walisoo | 3 |
| | Ida'ama | 500 |

**KBB Asallaa- Lab Teeknishaanii**

| Lakk. | Maqaa Godinaalee | Gahoo kadhimamtotaa 10+3 |
|---|---|---|
| 1 | Arsii | 8 |
| 2 | A/Lixaa | 5 |
| 3 | Baalee | 4 |
| 4 | Boranaa | 3 |
| 5 | Bu.Beddellee | 2 |
| 6 | GAONF | 2 |
| 7 | Gujii | 4 |
| 8 | Gujii Lixaa | 3 |
| 9 | H/Bahaa | 4 |
| 10 | H/Lixaa | 4 |
| 11 | HGW | 5 |
| 12 | I/A/Booraa | 4 |
| 13 | Jimmaa | 7 |
| 14 | Q/Wallaggaa | 5 |
| 15 | Sh/Bahaa | 3 |
| 16 | Sh/ Kaabaa | 6 |
| 17 | Sh/Ki/Lixaa | 3 |
| 18 | Sh/Lixaa | 9 |
| 19 | W/Bahaa | 8 |
| 20 | W/Lixaa | 10 |
| 21 | Adaamaa | 3 |
| 22 | Amboo | 1 |
| 23 | Asallaa | 1 |
| 24 | Baatuu | 1 |
| 25 | Bishooftuu | 1 |
| 26 | Burraayyuu | 1 |
| 27 | Dukam | 1 |
| 28 | Galaan | 1 |
| 29 | Hoolotaa | 1 |
| 30 | BM Jimmaa | 1 |
| 31 | L/X/L/Daadhii | 1 |
| 32 | Moojoo | 1 |
| 33 | Naqamtee | 1 |
| 34 | Roobee | 1 |
| 35 | Sabbataa | 1 |
| 36 | Shaashamannee | 2 |
| 37 | Sulultaa | 1 |
| 38 | Walisoo | 1 |
| **Ida** | | **120** |

**Gahoo Godinaalee fi Bul.Mag. Leenjii Barnoota Idilee Sagantaa A/Amaaraa Sadarkaa 10+3 (KBB)**

| Lakk. | Maqaa Godinaalee | **Gahoo kadhimamtotaa Afaan Amaaraa** | **KBB Fichee** | **KBB Jimmaa** | **KBB Naqamte** |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Arsii | 12 | 12 | | |
| 2 | A/Lixaa | 9 | 9 | | |
| 3 | Baalee | 6 | 6 | | |
| 4 | Boranaa | 2 | 2 | | |
| 5 | Bu.Beddellee | 4 | | 4 | |
| 6 | GAONF | 3 | | | 3 |
| 7 | Gujii | 4 | 4 | | |
| 8 | Gujii Lixaa | 5 | 5 | | |
| 9 | H/Bahaa | 8 | 8 | | |
| 10 | H/Lixaa | 6 | 6 | | |
| 11 | HGW | 8 | | | 8 |
| 12 | I/A/Booraa | 6 | | 6 | |
| 13 | Jimmaa | 10 | | 10 | |
| 14 | Q/Wallaggaa | 9 | | | 9 |
| 15 | Sh/Bahaa | 6 | | | 6 |
| 16 | Sh/ Kaabaa | 16 | 16 | | |
| 17 | Sh/Ki/Lixaa | 4 | | 4 | |
| 18 | Sh/Lixaa | 10 | | | 10 |
| 19 | W/Bahaa | 10 | | | 10 |
| 20 | W/Lixaa | 10 | | | 10 |
| 21 | Adaamaa | 8 | | 8 | |
| 22 | Amboo | 1 | | | 1 |
| 23 | Asallaa | 4 | 4 | | |
| 24 | Baatuu | 1 | 1 | | |
| 25 | Bishooftuu | 7 | | | 7 |
| 26 | Burraayyuu | 1 | | | 1 |
| 27 | Dukam | 1 | | | 1 |
| 28 | Galaan | 1 | | | 1 |
| 29 | Hoolotaa | 1 | | | 1 |
| 30 | BM Jimmaa | 7 | | 7 | |
| 31 | L/X/L/Daadhii | 1 | | | 1 |
| 32 | Moojoo | 3 | | | 3 |
| 33 | Naqamtee | 2 | | | 2 |
| 34 | Roobee | 1 | 1 | | |
| 35 | Sabbataa | 5 | | | 5 |
| 36 | Shaashamannee | 6 | 6 | | |
| 37 | Sulultaa | 1 | | | 1 |
| 38 | Walisoo | 1 | | 1 | |
| ***Ida*** | | ***200*** | ***80*** | ***40*** | ***80*** |

## Gahoo KBBn Godinaalee fi B/Magaalota irra Siimatee leenjisu

| Gahoo KBBn Godinaalee fi Bul/ Mag.Irraa Siimatee Leenjiisu | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| T.L. | Maqaa KBB | gahoo | Godina/Bul.Ma | **Gahoo** | **Ibsa** |
| 1 | Adoollaa | 700 | Gujii | 171 | |
| | | | Arsii | 145 | |
| | | | A/Lixaa | 100 | |
| | | | Sh/Bahaa | 90 | |
| | | | Adaamaa | 68 | |
| | | | Mojoo | 23 | |
| | | | Bishooftuu | 7 | |
| | | | Dukam | 11 | |
| | | | Galaan | 2 | |
| | | | GAONF | 30 | |
| | | | Asallaa | 40 | |
| | | | Sabbata | 13 | |
| | **Ida'ama** | | | **700** | |
| 2 | Asallaa | 500 | BID + Laab. Teek. | **150+120= 270** | |
| | | | Arsii | **97** | |
| | | | GAONF | **30** | |
| | | | Sh/K/Lixaa | **47** | |
| | | | BM Asallaa | **15** | |
| | | | Sulultaa | **10** | |
| | | | Buraayyuu | **17** | |
| | | | Waliso | **3** | |
| | | | Adaamaa | **11** | |
| | **Ida'ama** | | | **500** | |
| 3 | B/Horaa | 350 | Gujii Lixaa | 134 | |
| | | | A/Lixaa | 76 | |
| | | | Arsii | 34 | |
| | | | Shaashamannee | 26 | |
| | | | Baatuu | 25 | |
| | | | Bishooftuu | 55 | |
| | **Ida'ama** | | | **350** | |
| | Ciroo | 550 | BID | **100** | |
| 4 | | | H/Bahaa | 210 | |
| | | | H/Lixaa | 147 | |
| | | | Sh/Bahaa | 54 | |
| | | | Adaamaa | 39 | |
| | **Ida'aama** | | | **550** | |
| 5 | D/Dolloo | 400 | Qe/Wallagaa | 234 | |
| | | | Wallagaa Lixaa | 166 | |
| | **Ida'aama** | | | **400** | |
| | | | | | |
| 6 | Fiichee | 600 | Sagantaa Afaan Amaaraa | 80 | |
| | | | Shawaa Kaabaa | 127 | |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | | Sh/Lixaa | 220 | |
| | | | Naqamtee | 32 | |
| | | | Amboo | 38 | |
| | | | BM Hoolataa | 22 | |
| | | | W/Bahaa | 41 | |
| | | | HGW | 40 | |
| **Ida'aama** | | | | **600** | |
| 7 | Jimmaa | 750 | BID+Sagantaa Afaan Amaaraa | 150+40= 190 | |
| | | | Godina Jimmaa | 333 | |
| | | | BM. Jimmaa | 22 | |
| | | | Sh/Ki/Lixaa | 58 | |
| | | | Sh/Lixaa | 147 | |
| | **Ida'ama** | | | **750** | |
| 8 | Mattuu | 500 | I/A/Boraa | 157 | |
| | | | Wallagaa Lixaa | 180 | |
| | | | Bu.Beddellee | 106 | |
| | | | God. Jimmaa | 27 | |
| | | | BM Jimmaa | 30 | |
| **Ida'aama** | | | | **500** | |
| 9 | Naqamtee | 600 | Sagantaa Afaan Amaaraa +BID | 80+150= 230 | |
| | | | Wallgaa Bahaa | 182 | |
| | | | Wallgaa Lixaa | 188 | |
| | **Ida'aama** | | | **600** | |
| **10** | Roobee | 650 | BID | 150 | |
| | | | Baalee | 155 | |
| | | | Roobee | 29 | |
| | | | GAONF | 11 | |
| | | | BM Walisoo | 30 | |
| | | | Sabbataa | 23 | |
| | | | BM L/X/L/Daadhii | 5 | |
| | | | Arsii | 147 | |
| | | | Sh/Kaabaa | 100 | |
| | Ida'ama | | | **650** | |
| 11 | Shaambuu | 300 | H/G/ Wallagaa | 174 | |
| | | | BM Naqamtee | 30 | |
| | | | Wallagga Bahaa | 96 | |
| **Ida'aama** | | | | **300** | |
| 12 | Yaaballoo | 150 | Boorana | 54 | |
| | | | Arsii lixaa | 55 | |
| | | | Shaashamannee | 41 | |
| **Ida'aama** | | | | **150** | |

**Miilitoo. 01/2010**

## Guca Dorgomtonni galmaa'uuf iyaata ittiin dhiyeeffatan

1. Maqaa ____________________________ ___________________ ____________________

   Dorgomaa/tuu Abbaa Akaakayyuu
2. Saala _______________ Umurii ______________
3. Godina ______________ Aanaa ___________________
4. Maqaa mana barumsaa __________________________________
5. Ragaalee dhiyaatan Kilaaserii/hammattuu __________________

Ragaa barnootaa – traansikriptii (9-10)ykn (11-12) _________

Ragaa qorumsa biyyooleessaa ___________

Ragaa deeggarsa/muuxannoo_______

Ragaa meedikaalaa ____________

kan biroo _______________________

6. Ani iyyataan/ttuun maqaan koo armaan olitti ibsame fedhii hojii barsiisummaa qabuun leenjii galuuf ragaan armaan olitti guutame dhugaan kan dhiyaate ta'uu nan mirkaneessa.

Mallattoo _________________________ guyyaa _________

**Yaadachisa**: Guca kana dorgomtootni hundinuu dhuunfaa dhuunfaan ni guutu.

**Qabduu/ibsituu Faayila Kaadhimamtootaa**

Maqaa guutuu ___________________________________________

Umurii ___________________

Saala ____________________

Godina __________________

Aanaa agaalaa ________________

Maqaa mana barumsaa ____________________________________

Maqaa itti waamamaa dhiyoo/yeroo rakkootiif ___________________

Teessoo _______________________________________________________

Lakkofsa bilbilaa _________________

1. Guca iyyannoo________________
2. Guca ragaa medikaalaa___________
3. Guca Waliigalteen itti mallatta'ee ______

KBB itti ergame ____________________________

Maqaa fi mallattoo ____________________________

Guyyaa ____________________________

Chaappaa Waajjira Baarnootaa Godinaa /Magaalaa /Aanaa

**Miiltoo 03/2008**

**Guca galmee dorgomtoota kaadhimamtoota barsiisota Dippiloomaa (10+3) Naannoo Oromiyaa Bara 2010 Firiin Isaanii Irratti Guutamu**

**Kolleejjii ____________________ Wiirtuu _______________________**

| **TL.** | **Maqaa hanga akaakkayutti** | **Odeeffannoo dimshaashaa** | | | **Qorumsa seensaa 65%** | **Gaaffii qomaa 10%** | **Muuxannoo barsiisummaa 3%** | **Dandeettii barreessuu dandaúu (20%)** | **Hirmaannaa gumii (2%)** | **100%** | **Ida'ama 100%** |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Saala | Umurii | Dheerina | Qabxii | Qabxi | Qabxii | Qabxii | Qabxii | Qabxii | |
| | | | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | | | |

**Maqaa fi mallattoo miseensota koree**

| **Maqaa** | **Mallattoo** |
|---|---|
| 1. ________________________ | ____________________________ |
| 2. ________________________ | ____________________________ |
| 3. ________________________ | ____________________________ |
| 4. ________________________ | ____________________________ |
| 5. ________________________ | ____________________________ |

**Chaappaa**

**Waajjira Barnootaa**
**Godina, Aanaa ykn B. Magaalaa**

**Miltoo.04/2010**

**Kaadhimamtoota barsiisotaa dorgomanii Leenjiidhaaf Kolleejjii Barnoota Barsiisotaatti galaniif Orneeli Waadaan Ittiin Galamuu fi Wabiin Ittiin Kennamu.**

Suuraa dorgomaa/tuu | Suuraa Wabii

Teessoo ___________ | Teessoo ________________

Godina ____________ | Godina _________________

Aanaa _____________ | Aanaa __________________

Ganda _____________ | Ganda __________________

Maqaa mana barumsaa _______________________________________________

Ani kaadhimamaan/tuun barsiisaa/tuu maqaa fi teessoon kiyya armaan olitti ibsame beeksisa Kolleejjiin Barnoota Barsiisotaa ___________ barsiisota sadarkaa 1$^{ffaa}$ filee leenjisuuf baase irraatti hundaa'ee fedhii kiyyaan galmaa'ee dorgomee dabreen jira. Yeroo leenjii wantoota araada adda addaa ta'anii leenjii irratti dhiibbaa fiduu danda'an irraa bilisa ta'uun seera bulmaata Kolleejichaa kabajuudhaan naamusa leenji'aa/tuu tokko irraa eegamu kabajee leenji'uu fi hojiitti bobba'ee yoo xinnaate waggaa afur barsiisummaadhaan tajaajiluuf waadaa seeneera. Gama birootiin leenjii kana sababa humnaa oli hin taaneen yoon dhiisee bahe seeraan akkan itti gaafatamu waadaa seeneera. Waadaan gale kana kolleejjicha otuun hin beeksiisin yoon bahe yookiin ergan eebbifamee booda tajaajila waggaa afur osoon hin kennin fedhii kiyyaan yoon hojii gadi lakkise, baasii maqaa kootiin sagantaa Dippiloomaaf bahe qarshii kuma digdamii afur (24,000) qaama na gaafatuuf(BBO) kaffaluuf itti amanee mallatteessera. Kanaafis maqaan isaanii olitti kan ibsame wabii waammadheera.

Anis Obbo/Aaddee _________________________________ akkuma armaan olitti ibsametti akkaataa waliigaltee olitti tuqamen kaadhimaamaan barsiisaa kun kan hin raawwanne yoo ta'ee ittigaafatamuuf wabii ta'uu koo sirritti beekee hojjii irra oolmaa isaatiif amanee mallatteessera.

| **Maqaa Ragaalee** | **Mallattoo** | **Guyyaa** |
|---|---|---|
| 1. Obbo/Aadde __________________________ | ____________ | ___________ |
| 2. Obbo/Aadde __________________________ | ____________ | ___________ |
| 3. Obbo/Aadde __________________________. | ____________ | ___________ |
| Maqaa dorgomaa/tuu ____________________ | _____________ | ___________ |
| Maqaa Wabii ___________________________ | ____________ | ___________ |

Hub:-Waliigalteen kun kooppii sadiin qophaa'ee inni tokko Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa itti baratuuf, inni lammaffaan BBOf fi inni sadaffaan kaadh./barsiisaa/tuuf kennama.